

**Konkolaattota, tiraanziitii fi fe'umsaa ariifachiisaaf dursa  
kennuuf 'Suuraa Fayyadamuun  
Riqicha Gadii Lixa Siyaatil Irratti Seera Hojiirra oolchuu'  
January 11, 2021 ni eegala.**

Sirni seera hojiirra oolchuu haarawaan, tokkoon tokkoo imala seeraan alaatiif abbootii qabeenyaa konkolaattota hayyama hin qabneef kanfaltii waraqaa waamichaa mana murtii \$75 ni erga.

[westseattlebridge@seattle.gov](mailto:westseattlebridge@seattle.gov) 206-400-7511

Lixa Siyaatil nageenya uummataaf cufameera; [Riqichi Gadii Lixa Siyaatil](#) (akkasumas 'Spokane St. Bridge' jedhamee waamamu) karaa seensaa fi bahiinsa konkolaattota, awtoobisiwwan, fi fe'umsa ulfaataatiif baay'ee murteessaa ta'ee jira. Daandii murteessaan kun imala barbaachisoo kanneeniif banaa taasisuuf, Subii sa'a 5 a.m hanga 9 p.m'tti Riqicha Gadii kana irratti konkolaattotni biroon hin konkolaachisan. January 11, 2021 irraa eegalee, **Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (SDOT)** sirna suura fayyadamuun seera kajabchiisuu awtoomeetid ta'e banaa taasisuun, abbootii qabeenyaa konkolaattota hin hayyamamne kallattii kamiinuu riqicha gadii kana qaxxaamuraniif waraqaa waamichaa \$75 ni kenna.

Seerotni itti fayyadama riqicha gadii hin jijjiiraman:

- Konkolaattotni riqicha gadii kana 5 a.m. hanga 9 p.m'tti fayyadamuuf isaaniif hayyamame konkolaattota dhimmoota ariifachiisaa, awtoobisiwwan, konkolaataa hojjechiisaa kan hojjetoota tajaajilan, vanpools, fe'umsaa fi konkolaattota dursa hayyama argatan kanneen murtaa'an
- Namootni dhokdhokkee, Scooter, Awtoobisii oofan, ykn lafoo imalan riqicha gadii kanatti fayyadamuu danda'u
- Konkolaattotni biroon hundi (konkolaattota, dhokdhokkeewwan, taaksiwwan, fi konkolaattota 'ride-hailing app' qaban kanneen akka Uber fi Lyft) riqicha gadii kana 5 a.m. hanga 9 p.m'tti fayyadamuu hin danda'an, yoo kana godhan ammoo waraqaan waamichaa mana murtii \$75 ni ergamaaf.
- Namni kamuu riqicha gadii kana halkan guutuu 5 a.m. hanga 9 p.m'tti oofuu ni danda'a. Yeroo kanatti waraqaan waamichaa mana murtii isin qaqqabu hin jiraatu.

Daangessawan gara riqicha gadii geessu irratti konkolaattota ariifachiisoo fi barbaachisoo ta'an kanneen hayyamni kennameef banaa gochuuf; Keessumaa, konkolaattota ariifachiisaa hospitaala gahuuf deemanifi murteessaa dha. Riqichi gadii kun kallattii hundaan sarara (lane) tokko qofa yommuu ta'u, konkolaattota sarara toorba riqicha olii keessummeessuuf kutaa hin qabu. Daangessawan kamuu yoo hin jiraatiin, muddama tiraafikaa paaraawultii – hanga – paaraawultii fi duduubi isaanii ol dheeraa ('long back-ups') ni uuma.

Sarari filmaataa (dabalataa) namoota Riqicha gadii irra konkolaachisuun hin dandeenyee: "1st Ave S Bridge or South Park Bridge" ni dabalata. Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (SDOT) namoota gara Lixa Siyaatil'tti fi irraa taasisan tumsuu itti fufa. Karaa [Sagantaa Lixa Siyaatil Irradeebiin Quunnamssiisuu](#) jedhuun hawaasa naannichaa waliin taanee dhiibbaa pirojektoota jijiirraa daandii tiraafikaa hir'isuuf, quunnamtiwwan Lixa Siyaatil irraa fi gara Lixa Siyaatiliti taasifamu duraa duuba pirojektoota saaykilii haarawaa ijaaruu, fi sararoota jijiirraa daandii hundeessuuf fi fooyessuuf irratti hojechaa jirra. Namootnis filannoowwan imalaa isaanii [Filannoo Sarara Imala Seensa Lixa Siyaatil fi Sulula Duwamish](#) akka argatan ni gargaarra.

Sirni suuraa fayyadamuun seera kabajchiisuu kutaalee Siyaatil biroo keessatti akka kaameeraa tiraafikaatti tajaajila. Kunis ibsaa diimaa cabsanii deemuuf ykn godinaalee mana barnootaa nageenyi isaa eegame keessatti saffisaan wayita konkolaachisan tikeeta adabbii ni kenna. Tooftaan kunis suura konkolaattota gabatee hayyama qabanii wayita riqicha olii ni kaafata. Kunis tarree laccofsota gabate hayyama qaban waliin wal bira qabamee ni ilaalam; akkasumas konkolaatichi riqicha gadii keessa akka imalu yoo hin hayyamamiiniif waraqaan waamichaa mana murtii \$75 abbaa qabeenyaa konkolaataatiif teessoo gal mee konkolaataatti ni ergamaaf.

Sirni photo enforcement kun faayidaalee fi si'aayinaalee hedduu ni qaba. Kana jechunis qondaaltotni poolisi laccofsaan muraasa ta'an saayiticha irra qaamaan kan turanii ta'ee; kana jechunis poolisiin dhimmoota fedhii uummataa kanneen biroo irratti xiyyeffachuu ni danda'a jechuu dha. Kunis hojiirra oolmaa seeraa sana caalaatti wal fakkaataa fi kan kaayyeffame, hojii timaamaan eenyutu riqicha gadii kana akka fayyadamu hayyamameef ykn hin hayyamameef jedhu dhabamsiisuu ni gargaara. Hunda caalaa, barbaachisummaan isaa, sirni hojmaataa kun namootni hin hayyamameef hatanii riqicha kana akka hin fayyadamnee fi konkolaattotni dhimmoota

ariifachiisaa, fe'umsaa, fi tiraanziitii nageenyi isaanii eegamee riqicha kanatti haala bu'aa qabeessaan akka fayyadaman gargaara.

Iccitii eeguuf, kaameeraawwan kunneen lakk.gabatee konkolaattotaa qofa malee, namoota konkolaataa keessa jiran hin waraabaa. Suuraaleen kunneenis daangaalee seeraa itti fayyadama riqicha gadii ilaachisee kaa'aman raawwachiisuuf qofa karoorfaman, malee tajaajila raawwachiisa seeraa biraatiif yaadamee miti.

Konkolaattotni dhimmoota ariifachiisaa, tiraanzitii fi fe'umsaa riqicha gadii battaluma sana akka itti fayyadaman kan hayyamameef yommuu ta'u, waraqaan waamichaa mana murtii isaaniif hin kennamu. Konkolaattotni biiznasii daandii galaanaa, mootummaa fi Lixa Siyaatil dalagaalee hojji hatattamaa dhiyeenyatti hojetan riqicha kanatti akka fayyadaman durumaa isaaniif hayyamameera. Lakk.hayyama gabatee isaanii gara sirna hojmaataa kanatti seensisuuf Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (SDOT) dhaabbilee kanneen waliin hojjetee jira. Isinis haala ibsa armaan oliitiin durumaan naaf hayyameera jettu taanaan, ergaa i-meelii karaa [westseattlebridge@seattle.gov](mailto:westseattlebridge@seattle.gov) barreessaa ykn lakk.206-400-7511 irratti bilalaa.

Hojmaatni sirna suuraa fayyadamuun seera kabajchiisuun haarawaan erga hojiirra oolee booda Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil jalqaba bara 2021 keessa hanga sochii tiraafikaa riqicha gadii ni to'ata. Odeeffannoon sochii tiraafikichaa kutaan daandii itti baldhisan yoo jiraate, riqicha gadiitti fayyadamuun gaarii akka ta'e gorsa madaalawaa kennuuf, Garee Misooma Hawaasaa Riqicha Lixa siyaatil waliin taanee hojjenna.

\*\*\*\*\*

## **FAQs Suuraa Fayyadamuun Seera Kabajchiisuu**

### **Riqicha Gadii Lixa Siyaatil**

#### **Akeekkachiisa seera cabsuu kanneen isiniif kennamuuf yeroo hangamii fudhata?**

Abbaan qabeenyaa konkolaataa hayyamni hin kennamiiniif galmaa'ee beekamu, seera cabsuu isatiif guyyoota 14 keessatti ergaan isa qaqqaba. Waraqaan waamichaa kallattiilee imalaan riqichaa gama lamaaniifuu isiniif kennamuu ni danda'a. Seera kan cabsitan osoo konkolaataa kireeffattan konkolaachiftanii yoo ta'e, daangaan yeroosaa dheeraa ta'a. Dhaabbatni kireessaa konkolaataas eenyutu konkolaataa sana oofaa ture kan jedhu adda baafachuuf fi odeeffanno erguun, beeksisni seera cabsuu kunis kireeffataa konkolaataaf erguun akka danda'amuuf dha.

Manni Murtii Mana Qopheessaa Siyaatil namoota ulaagaa kana guutaniif rakkoo maallaqaa isaan mudatu hir'isuuf jecha, filannoo tajaajila hawaasaa karaa itti kanfaltii kana raawwatan haala ni mijeessa. Kanfaltiin kunis dhala hin qabaatu. Akeekkachiisni seera cabsuu yoo isin qaqqabe, kanfalticha raawwachuuf guyyoota 18 qabdu.

### **Kanfaltii Waraqaa Waamichaa mana murtii akkamiinan kanfala?**

Akeekkachiisni seera cabsuu keessan ibsu yoo isin qaqqabe, kanfalticha raawwachuuf guyyoota 18 isiniif kennama. Kanfalticha raawwachuufis filannoowwan sadii qabdu:

1. Chekii ykn ajaja kanfaltii maallaqa US'dhaan, Mana Murtii Mana Qopheessaa Siyaatilitti kanfalamu, hammi isaa fuulduraan muldhatus, guyyaa kanfaltiin itti raawwatamu isa dhumaa fi isa dura ergaa. Maaloo kuupponii miilttoo taasifamee jiru kanfatii keessan waliin wal qabsiisaa. Lakk.akeekkachiisaa fi lakk.gabatee hayyamaa keessan cheekii ykn ajaja maallaqaa keessan sana irratti barreessaa. MAALOO MAALLAQA POOSTAADHAAN HIN ERGIINAA.
2. Guyyaa dhumaa sanatti ykn isa dura [www.seattle.gov/courts/ticketinformation.htm](http://www.seattle.gov/courts/ticketinformation.htm) gama intarneetiin ykn tooftaa hojmaata kanfaltii awtoomeetid ta'e gama lakk.bilbilaa (206) 233-7000 keenya dubbisuun kanfalaa.
3. Guyyaa dhumaa sanatti ykn isa dura, guyyaa Wixataa hanga Jimaatatti ganama 8:00 AM hanga sa'a booda 5:00 PM'ttiWaajjira Kanfaltii Mana Murtichaatti, 600 Fifth Avenue, Siyaati, WA, Darpii 1ffaa Gamoo Mana Murtii Mana Qopheessaa Siyaatilitti qaamaan dhiyaadhaa kanfalaa. Sa'atii hojiin ala haala mijeffachuuuf gabateen kanfaltii Gamoo Mana Murtii Mana Qopheessaa Siyaatil fuulduratti argama.

### **Waraqaa waamichaa mana murtii kana akkamiinan morma/komadha?**

Kuupponii miilttoo taasifame waraqaa waamichaa waliin qabsiisuun dhaddacha furmaata komii ni gaafattu. Itti-gaafatatumummaa irraa bilisa ta'u mirkaneessuuf ibsa kdhiyeeffachuuuf, qajeelfamoota waraqaa waamichaa sanarra jiran hordofaa.

- DHADDACHA WAA'EE TAATEE UUMAME SANA HUBACHIIFACHUU: Dhaddacha furmaata gaafachuu keessaniin isin waraqaa waamichaa mana murtii sana raawwattanii jirtu jedhamee yaadama. Dhaddacha dhagahamu kana irratti ragoollee dhiyeessuun isin irraa hin eegamu ta'a. Furmaata komii yoo gaaffattan, waraqaa waamichaa sana yoo simattan, garuu, manni murtichaa adabbii sana naaf hir'isa ykn haqa jettanii yoo amantan dha.

- DHADDACHA MORMII WARAQAA WAAMICHAA: Dhaddacha mormii waraqaa waamichaa irratti, Magalittiin kun gochi waraqaan waamichaa itti ergame sun raawwatamuu isaa dirqamni ragaadhaan mirkaneessuu isarra jira. Haala kanaan, qondaala akekkachiisa seera cabsuu keessan sana qabate dabalatee, ragaalee isiniif hubachiisan dhiyeeffachuu ni dandeessu. Dhaddacha mormii yoo gaafattan, mnni murtichaas walghaai dhaddacha falmiin duraa ni qopheessa. Isinis unka beeksisa falmii dhaddachaa waliin qabsiifame mnni murtii isiniif ergu sana fudhatama dhabsiisuu ni dandeessu.
- LABSII ITTI GAAFATAMUMMAA IRRAA BILISAA DHIYEESSUU: Konkolaataan keessan seerri kun cabuu isaatiin dura yoo hatame, gurgurame, isin ibsa jecha kakuu itti fufiinsa isaa fudhatama dhabsiisuu, SMC 11.31.090 hundeeffame, yeroo seerri sun cabe konkolaticha konkolaachisaa turuu keessan mormuu mana murtiif dhiyeessuu ni dandeessu.

**Ragaa ani Riqicha gadii seeraan ala qaxxaamuruu koo agarsiisu ilaaluu nan danda'aa?**

Suuraa fi viidiyoo kallattiin (online) [www.ViolationInfo.com](http://www.ViolationInfo.com) irratti ilaaluu ni dandeessu. Isinis lakk.akekkachiisaa fi PIN fuuldura fuula akekkachiisaa seenamuu fayyadamuu qabdu.

Namootni kompiyuutara hin qabne ammoo ragaa suuraa fi viidiyoo ilaaluuf Damee Mana Kitaabaa Uummataa Siyaatil ykn ykn Mana Murtii Mana Qopheessaa (600 Fifth Avenue) daawwachuu ni danda'u.

**Kanfaltii Waraqaa waamichaa sana yoon kanfale ykn Mana Murtiitti balleessaa ta'uun koo yoo mirkanaawe hayyamni ykn inshuraansiin koo maal ta'a?**

Seera cabsuun suuraan deeggarame akka seera paarkiingii cabsuutti lakkawama.Hayyama keessan waliin dhimmi wal isa qabsisu hin jiraatu, qabxiin shallagamu hin jiru, akkasumas inshuraansii keessan irratti dhiibbaa homaatuu hin qabu.

**Waa'ee iccitii koo nan yaadda'a. Kaameeraan konkolaataa koo erga suura kaasee booda maaltu uumama? Ragaa kana namni biraan irra deebi'ee ilaalu jiraa?**

Iccitii eeguuf, kaameeraawanun kunneen lakk.gabatee konkolaattotaa qofa malee, namoota konkolaataa keessa jiran hin waraab.Suuraaleen kunneenis daangaalee

seeraa itti fayyadama riqicha gadii ilaalchisee kaa'aman raawwachiisuuf qofa karoorfaman, malee tajaajila raawwachiisa seeraa biraatiif yaadamee miti.

Konkolaataan sun yeroo sanattti riqicha gadii sana fayyadamuuf hayyamni kan kennameef ta'uu fi dhiisuu adda baafachuuf jecha, sirni hojmaataa kun lakkofsota hayyama gabatee fayyadamtoota daataabeezii irra jiran kan hayyamameef ta'uu wal bir aqbee madaala. Qondaaltotni Qajeelcha Poolisii Siyaatil, beeksisa seera cabsuu kennuu isaatiin dura, suuraa seera cabsuu hammaataa irra deebi'ee ni xiinxala. Konkolaattotni hin hayyamamne riqicha gadii kana irra imaluu isaaniitiif, imala tokkotti waraqaa waamichaa \$75 ta'e ni kanfalu.